# Qaama Seenaa Ta'aa: The StoryCorps Mobile "Booth"n Gara Minneapolis Dhufaa Jira!

## May 13 - 22, 2025

## Powderhorn Park

**3400 15th Ave S, Minneapolis, MN 55407**

**9:30 a.m. - 3:30 p.m.**

Magaalaan Minneapolis Istuudiyoo StoryCorps waliin ta'uun seenaa waa'ee ajjeechaa Joorji Filooyid, jeequmsa boodarra dhufe, fi taateewwan sun Magaalaa Minneapolis, biyyattii fi addunyaaf hiika akkamii akka qabaatan galmeessuu, ol kaasuu fi kuusuudhaaf hojjechaa jirti.

Galmi keenya ilaalchawwan hin dhaga'amin jiran mul'isuu, seeneffama irratti adda addummaa dabaluu, fi walitti qabama seenaa haaraa namoota walitti fiduu danda'anii fi qoqqoodama ce'umsa taasisuuf gargaaran uumuudha. Seenaa jireenya keessanii akka nuuf qooddaniif isin afeerra.




Learn more about StoryCorps

Minneapolis
Racial Equity, Inclusion & Belonging


Michele Jackson,
Deputy Director
michele.jackson@minneapolismn.gov
612-673-2870


Sign me up for the Booth !

StoryCorps STUDIOS

Record virtually

Haala mijjataa bifa addaan tajaajila kana argachuuf maaloo kuta DEPARTMENT NAME bilbila 612-673-XXXX bilbiluun ykn e-mail DEPARTMENT EMAIL dhaan qunnamuu dandeessu. Namooti rakkoo dhageettii qaban/duudaan sirna 'relay system' jedhamuun gargaaramuun 311 karaa 612-673-3000 bilbiluu danda'u. Warri TTY gargaaramtan 612-263-6850 bilbila'a. Rau kev pab hu 311. Hadii aad caawimaad u baahantahay wac 311. Para ayuda en español, llame al 311.



# SEENAA KEESSAN AKKA QOODDANIIF ISIN AFEERAA

AKKAMIIN HOJJETA?
Waa'ee muuxannoowwan keessanii haasawa tokko tokkoon, iskiriiptii hin qabneef isinii fi hiriyaa keessan ni keessummeessina. Haasaan daqiiqaa 40 kan fudhatu yoo ta'u, Haala Mijeessituun StoryCorps tarkaanfii hunda irratti isin waliin jira. Hayyama keessaniin, haasawa akka qaama kuusaa magaalattii fi Mana Kitaabaa Kongireesii keessatti kuufamee jira.

EENYU WALIINAN WARAABA?
Muuxannoo kana qooduudhaan nama kabajuu barbaaddan affeeruu yaadaa - miseensa maatii, hiriyyaa, gorsaa, nama imala keessan deeggare fi kkf.

WAA'EE MAALIIN HAASA'A?
Haasaan StoryCorps akka tasaa kan raawwatamu, kan dhugaa ta'ee fi kan hin barreeffamnee dha. Tarree gaaffilee haasawa keessanii kakaasuuf isiniif dhiheessina, Dhumarratti, yeroo waraabbii keessanii maal akka dubbattan guutummaatti isin irratti hundaa'a.
• Maaltu Minneapolis adda isiniif godha?
• Hawaasa Minneapolis keessatti miirri kan kootummaa yeroon itti isinitti dhaga'amu jiraa?
• Ajjeechaan Joorji Filooyidii fi jeequmsi siiviilii isa booda uumame Minneapolis akkamitti jijjiire (yoo jiraate)?
• Ajjeechaan Joorji Filooyidii fi jeequmsi siiviilii isa booda uumame yoo jiraate akkamitti ISIN jijjiire?
Dhumarratti yeroo waraabbii keessanitti wanti isin dubbattan guutummaatti isiniratti hundaa'a.

## Maaliifan hirmaachuu qaba?
## StoryCorps waliin waraabuun carraa akka:

Nama bakka qabdaniif kabajuuf
Nama jireenya keessan keessatti bakka guddaa qabuu wajjin waa'ee waan baay'ee barbaachisoo ta'anii haasa'uu.

Hubannoo cimsuuf
Waraabbii keessan dhaggeeffattoonni, qorattoonni, fi warri imaammata baasan hubannoo ga'aa waa'ee hawaasa keenyaa caalaatti akka argatan ni gargaara.

Fuulduraaf hambaa ol kaa'uuf
Qaama seenaa taatu, seenaan keessan Mana Kitaabaa Kongireesii keessatti ni eegama.

Carraa yerichaatti fayyadamuuf
Wanta darbe irratti xiinxaluu, gara fuulduraa yaaduu, wanta barbaachisaa ta'es madaaluu.

REIB/StoryCorps Project

# Akkaataa Waraabbiin osoo qaamaan wal bira hin jiraatir (Virtually) itti Hojjetu

Minneapolis
Racial Equity, Inclusion & Belonging

StoryCorps STUDIOS

**Marsariitii StoryCorps Minneapolis - Minneapolismn.gov/ your-story kan fayyadamtan ta'a**



Tarkaanfii 1
Isinii fi hiriyaan keessan kutaa tokko keessatti waraabuu yoo barbaaddan ykn bakka adda addaa irraa waraabuu yoo barbaaddan murteessaa.



Tarkaanfii 2
Yeroo waraabuuf qophooftanitti, jalqaba akkaawuntii StoryCorps bilisaa uumaa. Itti aansuudhaan, gara StoryCorps Virtual Recording Booth seenaa.




Tarkaanfii 3
"Start Recording Audio"cuqaasuun, of beeksisuuf qajeelfama hordofaa, akkasumas haasawa keessan keessa seenaa!



Tarkaanfii 4
Yeroo xumurtan, waraabbii keessan akka qaama Kuusaa Magaalaa Minneapolis kuusaa keessatti akka ol keessan (to save) isin gaafata.

Sign up for Mobile Booth

Michele Jackson,
Deputy Director
michele.jackson@minneapolismn.gov
612-673-2870

Haala mijjataa bifa addaan tajaajila kana argachuuf maaloo kuta DEPARTMENT NAME bilbila 612-673-XXXX bilbiluun ykn e-mail DEPARTMENT EMAIL dhaan qunnamuu dandeessu. Namooti rakkoo dhageettii qaban/duudaan sirna 'relay system' jedhamuun gargaaramuun 311 karaa 612-673-3000 bilbiluu danda'u. Warri TTY gargaaramtan 612-263-6850 bilbila'a. Rau kev pab hu 311. Hadii aad caawimaad u baahantahay wac 311. Para ayuda en español, llame al 311.

Record virtually